# Gaaffii, Deebii fi Ibsa Beekumsa Gochaan Deggeramee Kan "Itiyoo-SHEP"

| Lak. | Gaaffii | Filannoo | Deebii | Ibsa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | SHEP adeemsa maal hordofa? | 1. Eksteenshinii qorannoodhan durfamu<br>2. Al-ergee industiriidhan durfamu<br>3. Adeesa irraan gadii<br>4. Adeemsa gabaa buúreefate | 4 | SHEP adeemsa kenna tajaajila eksteenshinii qonnaan bulaan gabaa buúreefate gaggefamufi kan haala mijeesudha. Amaloota qonni hojii daldalaa akka taée, qonnaan bulaan gabaa buúreefatee akka omishu dandeesisuuf kan gargaaru odeefannoo gabaa diriirsudhan qaawwaa odeefannoo jiru cufuudhan; hojii qonnaan bulaa onnachiisan irratti xiyyefachuudhan kan gaggefamuudha. |
| 2 | **Yaad-rimeen furtuun SHEP** qabxii lama irratti xiyyefatee ni gaggefama. Qabxiin inni duraa yaad-rimee diinagdummaa mala gabaa odeefannoo kan ilaalatudha. Yaad-Rimeen lammaffaa maali? | 1. Yaad-rimee onnachiiftuu xiin sammuu,<br>2. Yaad-rimee Eksteenshinii Keemistirii,<br>3. Yaad-rimee guddina addunyaa gara fuulduraa,<br>4. Yaad-rimee dhiibbaa siyaasa addunyaa. | 1 | Yaad rimeen xiin sammuu hawaasa onnachisuuf kan ooluu waan sadii irratti kan xiyyefatu taée; ofitti amanuu, dorgommii fi walitti dhufeenya hawasaa kan ammatudha. |
| 3 | Kanneen filannoo armaan gadii keessa **duraa duuba sirrii kan ta'e afran** hojii SHEP hordofu isa kami? | 1. (1) Qorannoo gabaa qindeessuu fi adeemsisuu --> (2) Maasii irratti leenjisuu fi hordoffuu --> (3) Woorkishoppii sosochii uumuu gaggessuu.<br>2. (1) Maasii irratti leenjisuu fi hordoffuu --> (2) Qorannoo gabaa qindeessuu fi adeemsisuu --> (3) Sagantaa omishaa qopheessuu<br>3. (1) Woorkishoppii onnachiiftuu / sosochii gaggessuu. --> (2) Maasii irratti leenjisuu fi hordoffuu -->(3) Qorannoo gabaa qindeessuu fi adeemsisuu | 4 | Duraa duuba adeesa buúraa afran SHEP hordofu (1) Galma qonnaan bulaa biraan gahuu/ hubachiisuu--> (2) Hubannoo qonnaan bulaa olguddisuu --> (3) Qonnaan bulaan murtee akka dabarsu gaómsuu --> (4) Qonnaan bulaan dandeettii horachuu. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | 4. (1) Woorkishoppii sosochii uumuu gaggessuu. --> (2) Qorannoo gabaa qindeessuu fi adeemsisuu --> (3) Maasii irratti leenjisuu fi hordofuu | | |
| 4 | **Kaayyoon workshooppii / Walgahii walbeksisaa / sosochii uumuu gaggessuu** maali? | 1. Dandeettii fi hoggansi qonnaan bultoota filatamanii akka fooyyaúu fi akka ofiin murteessan dandeesisuudha.<br>2. Midhanota filatamaniif qorannoo gabaa gaggessuuf,<br>3. Qonnaan bultoota waltajjii irratti guutummaan hirmaataniif deggersa sanyii fi xaaóo akka argatan waadaa<br>4. Unka qotannoo fi barrulee leenjii adda addaa qonnaan bultoota filatamaniif akka raabsamu gochuuf, | 1 | SHEPn qonnaan bulaan ofiin of dandaánii fi ofitti amanuudhan qonni akka hojii daldalaa tokkootti akka gaggesan ni taasisa. Kana malees SHEPn qonnaan bulaan deggersa malaqaa fi meeshaalee dhiáatu irratti akka hin hundoofne ni jajjabeessa. |
| 5 | Hima armaan gadii keessa tokko **waaée xiyyefannoo SHEP koorniyaa irratti sababa xiyyefannoodhan** hojjetuu ni ibsa | 1. Hojii qonnaa sadarkkaa maatiitti raawwatamu sirnaan raawwachuuf,<br>2.Hirmaanna dubartonni siyaasa keessatti qaban sadarkkaa jalaa fi naannoootti ol guddisuuf,<br>3. Dandeettii omishuu dhiiraa fi daldaluu dubartootaa ol guddisuuf,<br>4. Arjoomtota idil-addunyaa irraa mahallaqa gargaarsa fi xiyyefannaa harkisuuf. | 1 | Hojii qonnaa haala gaúmsa fi itti fufiinsa qabuun sadarka maatii fi hawaasatti raawwachuuf dhimmi korniyaa qabxii ijootti murtessa akka taétti SHEP ni ilaala. |
| 6 | Hanqina odeefannoo gabaa qooda fudhatoota kudura fi muduraa hiikuuf Adeemsi SHEP maal hojjeta? | 1. Qonnaan bulaa fi daldaltonni kallattiidhan wal arganii odeefannoo akka wal jijjiran gargaaruu.<br>2. Odeefannoo gatii gabaa bilbila dhuunfaa qonnan bulaa irratti erguu.<br>3. Dandeettii omishuu qonnaan bultootaa guddisuu irratti leenjii kennuu.<br>4. Ragaa kaúmsaa bifa hirmaachisaa taéen qonnaan bulaa bira sassabuu. . | 1 | Adeemsi SHEP qonnaan bulaa fi qooda fudhatoota gabaa jiddutti walitti hidhamiinsa uumuudhan hanqina odeefannoo gabaa akka hiikan ni gargaara. |
| 7 | Kanneen armaan gadii keessa workishoppii sosochii qonnaan bulaa filatamanii erga gaggefameen booda kan eegamu isa kami? | 1. "Qonnaan bulaan deggersa mootummaa fuulduratti akka argatu filatamuun isaa baayée gaarii taúu"<br>2. "Qonnan bultonni adeemsa SHEP hordofuuf filataman qabeenya akka mana kuusaa, konkolaataa fi mashinarii akka argatan."<br>3. "Qonnaan bultonni adeemsa SHEP irratti leenjii fudhatan dandeettii fi gaúumsa ofiin murteefachuun omishuu akka horatan akka mirkaneefannu ni gargaara". | 3 | Adeemsi SHEP dandeettii qonnaan bulaa cimissuu irratti xiyyefachuudhan ofi dandaánii hojii qonnaa tin akka milkaán ni taasisa. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | 4. " Qonnaan bultonni adeemsa SHEP irratti leenjii guutuummadhan fudhatan liqaa hojii qonnaa fooyyessuuf gargaaru argachuuf qophaóo taúu isaanii ni mirkaneefatu." | | |
| 8 | Kanneen armaan gadii keessa tooftaan sirriin kakaúmsa qonnaan bulaa yeroo sagantaa omishaa qopheessan gargaaru isa kami? | 1. Leenjisaan qonnaan bultoota muraasa baruumsa fooyyee qaban waa mara garee isaaniif akka murteessan gaafachuu.<br>2. Leenjisaan ekspartoota qonnaan bulaa amansiisan yunivarsitii irraa afeeruudhaan midhanota filataman sagantaa ekspartoota Kanaan qophaéen akka omishan taasisuu.<br>3. Leenjisaan qonnaan bultoota jiddutti mariin akka gaggefamu haala mijeessudhaan ofiin akka karoorfatan taasisuu.<br>4. Leenjisaan sagantaa omishaa kaúmsaf taú ofiif qophessee achi irraa ilaalanii akka qophefatan gochuu. | 3 | Kakaúmsa qonnaan bulaa guddisuuf, ofiin akka murteefatan dandeesisuun barbaachisaadha. Adeemsi kunis xiin sammuu of dandeenyee raawwanna jedhu qonnaan bulaa keessatti uumuuf ni gargaara. |
| 9 | Kanneen armaan gadii **keessa himni qophii barbaachisaa shaakallii qorannoo gabaa gaggessuun dursa** qonnaan bulaa filatamaniif gargaaru isa kami? | 1. Qacaramaan mootummaa waaée gabaa ilaalamuu irratti hubannoo hin qabu taanan, gorsitoota qorannoo gabaa gaggessan qacaruudhan qorannoo gabaa dursaa gaggessun barbaachisaadha.<br>2. Qacaramaan mootummaa qonnaan bulaan filataman shaakallii qorannoo gabaa bakka itti gaggessan geessuu dursee ilaaluu hin qabu.<br>3. Qacaramaan mootummaa guyyaa fi saátii qorannoon kun itti gaggefamu adda baasuun filachuu qaba.<br>4. Ogeessi eksteenshinii qonnaan bulaa baratan garee keessa filachuudhan qorannoo gabaa haala salphaan akka gaggesan gochuu. | 3 | Shaakallii qorannoo gabaa gaggessuf, guyyaa fi saátii qorannoon kun itti gaggefamu dursanii filachuun odeefannoo qonnaan bulaa fi hirmaatonni gabaa haala mijawaan taéen akka wal jijjiran ni gargaara. |
| 10 | Kanneen armaan gadii keessa qaawwaa odeefannoo gabaa qonnaan bulaa fi daldaltoota jiru cufuuf **kan ilaalcha keessa hin galle isa kami**? (**Kan dogongora taé filadhu**). | 1. Qonnan bulaan "Ani Kanaan dura turtii omisha boodaaf xiyyefannaa hin kennuun ture. Kanaan booda dhimma kanaaf xiyyefannoo kennudhan warren bitan akka itti gammadan ni taasisa ni jedha.<br>2. Bitataan "Qonnaan bultonni naannoo akka mosee qulqullina qabu omishan hin beekuu. Ani waliin mariáchuu keenyaatti gammadeera, Kanaan booda qonnaan bultoota naannoo irraa ni bita nijedhu.<br>3. Daldalaan jimilaa, "Timaatima qaamota balínaan omishan | 3 | Kaayyoon qorannoo gabaa SHEP walitti amanuu qama bituuf gurguru jiddutti uumuudhaan fedhii waliinii isaanii galmaan gaúudha. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | irraa bayínaan ni bitna ni jedhu. Kunis qulqullina omisha timaatima qonnaan bultoota sadarkkaa xixiqqaan omishan irratti amantaa waan hin qabneef ni jedhu."<br>4. Dallalan , " Qonnaan bultootni gareedhan omisha hangan ani barbaadu (isuzu tokko) waan dhiéessaniif tajaajila geejjibuu nan mijeessaf ni jedha." | | |
| 11 | Hima eeraman keessa adeemsa qorannoo gabaa SHEP **kan sirritti hin ibsine isa kami** (**Kan soba taé filadhu**) | 1. Qonnaan bulaan yeroo gabaa deemuu qorannoo gabaa daldaltoota waliin mariáchuun gaaffii salphaa kan akka akakuu midhanii, hanga barbaadamuu fi yeroo itti barbaadamu gaafachuudhan akka adda baafatu ni gorfama<br>2. Qonnaan bulaan qorannoo gabaa gaggessuu kan qabu erga omishinni sassabameen booda taúu qaba.<br>3. Qonnaan bulaan carraa gabaa jiru kan akka yuunvarsitii, manneen sirressaa, maneen barnoota bulti, fi yeroo qophhii sirna adda addaa (gaaéla, sooma, awwalcha, kkf) adda baasee irratti karoorfatee omishuu qaba.<br>4. Qonnaan bulaan odeefannoo gabaa dhagaán waliif qooduudhan dandeettii falmachuu akka horatan ni gorfama. | 2 | Qonnaan bultonni omishuu osoo hin jalqabin dura fi osoo Sassabbii hin jalqabin qorannoo gabaa gaggessuu qabu. Qonnaan bultoonni erga sassabaniin booda gabaa barbaaduu taanan waliigaltee uumanii gurguruuf omishinni qisaasamaa waan deemuuf carraa hin argatan. |
| 12 | Kanneen eeraman keessa sagaleen qonnaan bultoonni **qorannoo gabaa gaggessan irra haala mijeessan dhagaúu qabu isa kami**? | 1. "Qorannoon gabaa mootummaa osoo hin eegin ofii keenyan gaggessuu dandeenyudha."<br>2. "Qorannoon gabaa midhaan gabaa giddu galeessatti buáa olanaan gurguramu irratti akka xiyyefannu ni taasisa."<br>3. "Qorannoon gabaa dhuunfaan bifa iccitii qabuun qonnaan bulaan biro (dorgomtonni) haala hin beeknen gaggefamuu qaba."<br>4. " Qorannoon gabaa buá qabeessa waan taéef hojjetaan eksteenshinii bara itti aanuu haala nu mijeessu qaba." | 1 | Hojjetaan mootumma haala mijeessuu odeefannoo qorannoo gabaa irra argame hojiirra olmaa isaa miseensa gareetiin akka murteessan jajjabeessuu qaba. |
| 13 | **Qorannoon gabaa yammu gaggefamu gosni odeefannoon** qonnaan bultonni **sassabuu qaban kami**? (Maaloo deebii sobaa filadhaa) | 1. Akaakuu midhaan filatamuu, jiá fedhiin olanan itti uumamu, haala kafaltii (omisha dhiátef battalumatti kafaluu, omishini dhiáatee turban lamaan booda kafaluu)<br>2. Maqaa nama bituu, teessoo, hudhalee gabaa, fedhii daldaltonni omisha qonnan bulaa irraa bituuf qaban.<br>3. Maqaa nama bituu, gosa kuduraa qaamni bitu jaallatu, gatii tokkoo kuntalan, miseensa maatii nama bituu.<br>4. Gosa kuduraa, akaaku filatamoo, hanga barbaadamu | 3 | Gosni kuduraa qaamni bitu jallatuu fi miseensi maatii qorannoo gabaa gaggessuu baayée barbaachisaa miti. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | (Kg), fi duraa duuba ittiin dhiáachuu qabu (guyyaan/torbaniin), bifa kafaltii (mahallaqa harkaa harkatti, cheekii, dabarsa baankii) | | |
| 14 | Erga qorannoon gabaa gaggefamee xumurameen boodaa **gaéen bakka buáa qonnaan bultootaa maalii**? | 1. Gabaasa qorannoo gabaa waliigalaa barrefamaan qophessee waajjira mootummaaf dhiéessuu.<br>2. Gabaa fi qama qorannoon gabaa irratti gaggefame deemanii gaafachuudhan dhugummaa raga mirkaneefachuu.<br>3. Odeefannoo gatii gabaa weeb-saayitii mootummaa irraa ilaaludhaan garagarummaan gatii yoo jirate mootummaa beeksisuu.<br>4. Waltajjii gareen itti mariátu mijeessuudhaan odeefannoo qorannoo gabaa sassabamee miseensa mara biraan gahuu. | 4 | Qorannoo gabaa sassabame miseensa mara beeksisuun barbaachisaadha. Kanaafuu hojjetaan mootummaa bakka buóonni qorannoo gabaa gaggessan firii qorannoo kanaa qonnaan bulaa mara biraan gahuu isaanii mirkaneefachuu qaba. |
| 15 | Barbaachisummaa sagantaa omishaa ilaalchisee **himni sirrii hin taanee isa kami**? (**Deebii soba taé tokko filadhu** (deebiin sadii sirridha)) | 1. Sagantaa omishaa qophefachuun, qonnaan bulaan midhaan filateef baasii hangam akka isa gaafatu fi buáa argamu akka beekuu dandaán ni gargaara.<br>2. Sagantaa omishaa qophefachuun, qonnaan bulaan sagantaa facasaa fedhii gabaa buúreefachuun akka gaggessu ni dandeesisa.<br>3. Qonnaan bulaan sagantaa omishaa ogeessan qophaée dhiáatu hordofuu qaba.<br>4. Sagantaa omishaa qopheessuu yammu shaakalan, bekkumsa buúraa odeefannoo qonnaa unka sagantaa omishaa irratti taaán irrattti dabalatan hubannoo ni horatu. | 3 | Adeemsi SHEP fedhii irratti kan hundaúu fi qonnaan bulaa irratti kan xiyyefate waan taéef qonnaan bulaan ofiin murteefachuu qaba. Adeemsi kun ofitti amanuu qonnaan bulaa ni deggera. |
| 16 | Leenjiin oyiruu irratti kennamu kallattiin **eenyuun gaggefamuu qaba**? | 1. Ogeessa Eksteenshinii qonnaa<br>2. Ogeessa ekstenshinii naannoo.<br>3. Pirofesaroota yuunvarsitii tiin.<br>4. Ekspartoota instítiyutii qorannoo qonnaatiin | 1 | Ogeessi eksteenshinii qonnaa qonnaan bultootatti dhiéenyan waan tajajiluuf leenjii oyiruu irratti kennamu gaggessuf filatamaadha. |
| 17 | Qonnaan bultonni filataman leenjii oyiruu irratti kennamu hordofuuf yeroo hin qabnu yoo jedhan maal gootaa ykn gochuuf qophofta? | 1. Qonnan bultootaf durgoo fi laaqanan dhiéessaf.<br>2. Qonnan bultoota filatamaniin alatti warra jiraniin leenjisa<br>3. Sagantaa omishaa isanii fi maree qonnan bulaa waliin gaggessudhaan guyya leenjichaa murteessun ni gaggessa.<br>4. Tokkoon tokkoon qonnaan bula mana deemuudhaan mana isanitti leenjicha kennuu. | 3 | Leenjiin oyiruu irratti gaggefamu yeroo qonnan bulaan marti irratti argamuu dandaú mijeesudhaan taée, miseensi garee hundi hirmaachuu qaba. |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 18 | Toánnoo fi hordoffii gaggessun fayidaa maaliif barbaachisa? | 1. Raawwatonni naannoo qonnaan bulaa argaman midhaan mootummaan akka misoomu barbaadu omishuu isanii mirkaneefachuuf.<br>2. Qonnaan bulaan hojmaataa fi beekumsa qonnaa gadi bué qabatamaan hojiirra ooluu isaa mirkanefachuuf.<br>3. Qonnaan bulaan liqii hojii qonnaa ittiin gaggessan dhabbilee fayinaansii irraa argachuu isanii mirkaneefachuuf.<br>4. Ragaa istatiksii omishaa midhanota biilaa gurguddoo sassabuuf. | 2 | Toánnoo fi hordoffiin qonnaan butonni hojimaataa fi bekumsa leenjii SHEP irraa fudhatan sirnaan akka hojiirra oolchan ni jajjabeessa. |
| 19 | Kanneen keessa amalli ogeessi eksteenshinii yeroo leenjii korniyaa gaggessu **calaqisiisuu hin qabne isa kami**? (**deebii dogongoraa tokko filadhu**) | 1. Dhiironni fi dubartonni akka sirnaan wal hubatanii fi hodhalee korniyaa ilaalu akka waliif ibsan jajjabeesuu.<br>2. Dhiiraaf dubartonni rakkoolee koorniyaa ilaalataniif deebii akka kennan haala mijeessuu.<br>3. Gahee fi murtee abba warraa fi haati warraa dhimma koorniyaa ilaalchisee qabachuu qaban irratti muuxannoo fi milkaína jiran kaasuudhaan irra akka baratan gochuu.<br>4. Qonnaan bulaan dhimma koorniyaa ilaallatu tokko irratti akka walfalmani fi eenyu akka sirri taés akka irratti waliigalan eeyyamuu. | 4 | Leenjiin koornyaa yammu gaggefamu haala mijataa (hiriúmmaa) uumuun qonnaan bulaan wal qeequu keessa akka hin galle ni gargaara. |
| 20 | Kanneen armaan gadii keessa tokko dhimma ogeessi eksteenshinii yammuu tajaajila idilee kennu qonnaan bulaa waliin **mariátu hordofuu hin qabne kami**? (**Deebii soba taé** filadhu) | 1. Odeefannoo gabaa (Gatii kuduraalee) gama ministeera qonnaatin darbu beeksisuun barbaachisaadha.<br>2. Odeefannoo gabaa jiran qooduudhaan sassabbii omishaa gaggessuun dursa qonnaan bultonni ofii isanii tiin qorannoo gabaa akka gaggessan gochuun barbaachisaadha.<br>3. Qonnaan bulaan qama omisha bitan waliin dursee bilbilaan yookin qaamaan deemuudhaan akka mariátu gorsuun barbaachisaadha.<br>4. Bittaa galteewwanii bakka tokkitti dhaabbata dhiéessii beekamtii qabu irraa bitamu gochuun qulqullinan omishuu qonnaan bulaa fooyyessuu fi baasii omishaa xiqqessuuf ni gargaara. | 1 | Qonnaan bulaa fi ogeesonni tajaajila eksteenshinii kennan gatiin omishaa bakka fi yeroon waan jijjiramuuf odeefannoo gabaa giddu galeessaa eeguu hin qaban. |